Oromo | Afaan Oromoo



# Gargaarsa dhugaa. Yeroo ammaa kana.

# Gargaarsa Qusii Humna Ifaa (Power Saving Bonus) $100: Sagatanaa Dhaqaba Hawaasaa

Deeggarsi bilbilaa fi qaamaan namoota kaardii koonseshinaa (concession card) qaban Gargaarsa Qusannaa Humna $100 akka iyyataniif karaa Sagantaa Hawaasa Dabarsa keenyaa ni argama.

## Gargaarsa Qusanno Humna Ibsaa $100

Gargaarsa Qusannaa Humnaa kaffaltii $100 kan baasii jireenyaa furuuf fi kaffaltii anniisaa lammiilee Victoria rakkataniif gadi buusuuf gargaarsa dhugaa kennuudha. Maatiin Viktooriyaa kaardii mirgaa ulaagaa guutuu qabu qaban marsariitii Dorgomsiisa Humna Ibsaa Viktooriyaa – compare.energy.vic.gov.au – daawwachuun toora interneetii irratti iyyachuuf ykn karaa Sagantaa Hawaasa Dabarsaatiin iyyachuu ni danda'u.

## Sagatanaa Dhaqaba Hawaasaa

Namootni kaardii konseshinaa qaban kaffaltii $100 kanaaf iyyachuuf gargaarsa barbaadan karaa Sagantaa Hawaasa Dabarsaatiin deeggarsa bilbilaan ykn qaamaan argachuu danda'u.

Maatiin ulaagaa guutan **1800 000 832** bilbiluun Gargaarsa Qusannaa Humnaa isaanii $100 bilbilaan iyyachuu ykn michuu hawaasaa hirmaataa naannoo isaanii jiru waliin wal qunnamuu ni danda'u.

## Ulaaga Guutamuu qabu

Seerri hayyamuuf maatiin mana takka keessaa:

- Kaffaltii (bilii) ibsaa mana jireenyaa dhiheenya kanaa qabaachuu
- Kaardii konseshinaa armaan gadii keessaa tokko qabadhu:
  - Kaardii Kunuunsa Fayyaa (Health Care Card)
  - Kaardii konseshinaa Sooramaa (Pensioner)
  - Kaardii Konseshinaa Dhimma Gootota Soorama Bahanii (Veterans' Affairs)
  - Kaardii Bif-Warqee (Gold Card) Dhimma Goototaa (Veterans' Affairs).

Maatii mana takka keessaaf al takka qofa maallaqi kennama.



**Gargaarsa Qusannaa Humnaa $100 iyyachuuf,**
compare.energy.vic.gov.au ykn daawwadhaa ykn bilbilaan ykn qaamaan karaa Sagantaa Hawaasa Dabarsaatiin iyyadhaa.

VICTORIAN ENERGY COMPARE

VICTORIA State Government

# **Gargaarsa dhugaa.** Yeroo ammaa kana.

## Akkamiin akka hojjetu

1. Gargaarsa Qusii Humna Ifaa (Power Saving Bonus) $100 dhaaf ulaaga gutuu kee adda baafadhu.
2. Sanadoota armaan gadii qopheessaa:
   - waraqaa biilii elektirikaa dhihoo sitti ergame
   - kaardii koonseshina kennuu ulaagaa guutuu qabu
   - hayyama konkolaachisummaa ykn kaardii Medikeer* (Medicare card)

   Eenyummaa fi ulaagaa kee mirkaneessuuf sanadoota kana irraa odeeffannoo kennuu qabda.
3. Bilbilaan ykn qaamaan iyyachuuf dhaabbilee fuula kana irratti tarreeffaman keessaa tokko qunnamaa.
4. Yoo iyyanni kee mirkanaa'e, $100 siif ergina.

### Kaardii koonseshinaa kennuu ulaagaa guutuu qabu




*Immiikaardii (Immicard) fi Viizaa Awstraaliyaa (Australian Visa) akkasumas fudhatama

## Kaffaltii (bilii) $100 keessaniif iyyachuuf gargaarsa barbaadduu?

**Gargaarsa bilbila irraan**

Waldorgomsiisa Humna Ifaa Viktooriyaa (Victorian Energy Compare) sarara gargaarsaa – 1800 000 832

Toorri Waldorgomsiisa Humna Ifaa Victoria daldalaa fi maatii Victoria keessaa mar-sariitii Wal dorgomsiisa Humna Ifaa Victoria gargaaramanii humna ifaa isaaniif irra gaarii tahe akka argataniif gargaara. Toorri kun akkasumas Gargaarsa Maallaqaa Qusii Humna Ifaa $100 irratti odeeffanoo fi gorsa kenna, maatii seerri hayyamuuf bilbila irraan akka iyyannaa naqabatan gargaara.

**Gargaarsa fuulaa-fi-fuulaan**

Manneen Ollaa Viktooriyaa – 1800 000 832 bilbiluun ykn compare.energy.vic.gov.au/psb-outreach daawwachuudhaan wiirtuu hirmaataa naannoo keessan jiru barbaadi

Neighborhood House -n jaarmaya hawaasni ganda hundeeffatan kan hojjetootni tola ooltummaa gargaarsa adda addaa kan hawaasomaa (social), barmootaa, bashannanaa fi tumsa namoota umrii, dandeettii fi duubbee adda addaa qaban gargaaranii dha.

## Kaffaltii (bilii) anniisaa keessan kaffaluuf rakkachaa jirtuu?

Sagantaan Gargaarsa Annisaa tajaajila bilbilaan bilisaa Angliikeer Viktooriyaa (Anglicare Victoria) waliin ta'uun kennamu yoo ta'u, kaffaltii (bilii) anniisaa irratti maallaqa qusachuuf isin gargaaruu danda'a. Sagantaan kun maatii galii gadi aanaa qabaniif ykn kanneen kaffaltii anniisaa isaanii kaffaluuf rakkataniif kan qophaa'udha.

Sagantaan kun gargaarsa tokko tokkoon kennuu danda'a:

- koonseshinaa fi deeggarsa ulaagaa guutuu qabuuf iyyachuu
- sagantaalee rakkinaa daldalaa keessanii argachuu dandeessu
- argachuu, wal bira qabuu fi gara dhiyeessii anniisaa fooyya'aa ta'etti jijjiiruu
- kaffaltii anniisaa hubachuu fi dogoggora kaffaltii furuu
- mana keessatti anniisaa qusachuu
- tajaajila akka gorsa faayinaansii (maallaqaa) argachuu.



Kaffaltii anniisaa keessaniif gargaarsa argachuuf, 1800 161 215 Isniina hanga Jimaataatti sa'atii 9:00am – 5pm (guyyoota ayyaanaa malee) bilbili.

© Kutaa Annisaa, Naannoo fi Tarkaanfii Haala Qilleensaa Naannoo Viktooriyaa Hagayya 2025

ISBN 978-1-76176-522-3 (Print)
ISBN 978-1-76176-523-0 (pdf/online/MS word)

Kanneen afaan English hin dandeenye afaan kan birotiin gargaarsa argatuuf Tajaajila Afaan Hiikaa fi Turjubaana (TIS) 131 450 irratti bilbilaa.

**Ibsa**

Maxxansi kun gargaarsa isiniif ta'uu danda'a garuu Bulchiinsi Viktooriyaa fi hojjettoonni isaa maxxansichi mudaa gosa kamiiyyuu kan hin qabne ta'uu isaa ykn guutummaatti kaayyoo addaa keessaniif kan mijatu ta'uu isaaf wabii hin kennan kanaaf dogoggora, kasaaraa ykn bu'aa biroo odeeffannoo maxxansa kana keessatti argamu kamiyyuu irratti hirkatanii jiraachuu keessan irraa maddu kamiifuu itti gaafatamummaa hunda ni dhorka.

2052